# Namni Amantii keenya kana keessatti, waan biraa kan isa irraa hin taane argamsiise, inni deebifmaadha (fudhatama hin qabu

Haadha Mu'umintootaa kan taate Ummu Abdullaah Aa'ishaa irraa akka odeeffametti -Rabbi isii irraa haa jallatu- ni jette: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Namni Amantii keenya kana keessatti, waan biraa kan isa irraa hin taane argamsiise, inni deebifmaadha (fudhatama hin qabu». Gabaasa Muslim keessatti: «Namni hojii Amantii keenya keessa hin jirre hojjate, hojichi deebifamaadha (hin qeebalamu)».

[sirrii] [رواه البخاري ومسلم]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni amantii kana keessatti waa kalaqe ykn waan Qur’aanaa fi Hadiisa irraa ragaa hin qabne hojjate inni abbuma hojjate san irratti akka deebifamuu fi Rabbiin biratti fudhatama akka hin qabne ibsan.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/66514